Public Health
Seattle & King County

# *Injiraan Mataa*

**Kabajamaa Warra ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamaa jira:**

- ☐ **Sababni isaas isin ykn mucaan keessan injiraan mataaf saaxilamtanii ta'uu danda'a.**
- ☐ **Odeeffannoof qofa.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Injiraan Mataa

### Injiraan maataa maalidhaa?

- Injiraan mataa paraasaayitii diimaa-buraa'aa kan haga sanyii saliixaa ta'edha.
- Rifeensa gogaa mataatti dhihatu irraa jiraatu akkasumas killee(cinii) isaanis achirratti buusu.
- Ilbiisiin tokko "hinjiree" jedhama. Umurii injiraanii keessatti sadarkaa sadii kan qabu yoo ta'u, isaanis: nit (hanqaaquu), nymph (dargaggeessa ga'eessotaa), fi sadarkaa ga'eessotaa dabalata.
- Marsaan jireenyaa injiraanii guyyoota 25 hanga 30 ta'a; hinjiraan reefuu dhalate ga'eessota ta'uuf gara guyyoota kudhanii fudhata. Injiraan dubaraa ga'eessota ta'an tokko guyyaatti cinii 6 hanga 8 hanga guyyoota 10tti buusuu danda'a.
- Injiraan dhukkuba hin qaban, bineensa manaa ykn bineensota biroo irras hin jiraatan.

### Eenyuutu argachuu danda'a?

- Namni kamiyyuu yoo kanaan dura qabaatees injiraan mataatin qabamuu danda'a.
- Qulqullinni dhuunfaa ykn qulqullinni manaa ykn mana barumsaa keessatti injiraan mataa qabaachuu wajjin waan wal qabatu hin qabu.
- Daa'imman mana barumsaa duraa irratti baay'inaan kan mul'atu yoo ta'u sababni isaas ijoollee xixiqqoo caalaa hiriyoota isaaniitti dhihatanii waan taphataniif.
- Qorannoon tokko tokko akka agarsiisutti shamarran ijoollee dhiiraa caalaa yeroo baay'ee injiraan mataa kan qaban yoo ta'u, kunis yeroo baay'ee mataa mataatti wal qunnamtii waan qabaniif ta'uu hin oolu.

### Mallatoowwan maali?

- Qaamin nama hooysisuu/hooksisu deebii qaamni namaa ciniinnaa injiraanii iraatti kennu irraa kan ka'e.
- Hooquu irraa kan ka'e mataa madaawu.
- Miira waa rifeensa keessa socho'u.
- Rafuu dadhabuu sababni isaas injiraan mataa dukkana keessatti caalaatti waan socha'aniif.
- Yeroo tokko tokko mallattoon dhukkubaa hin mul'atu.

### Akkamitti babal'ata?

- Injiraan mataa nama tokkoo irraa gara mataa nama biraatti suuta jedhanii darbuu ni danda'u. Nama tokko irraa gara nama biraatti hin balali'an, hin utaalan.
- Yeroo baay'ee, injiraan kan daddarbu nama injiraan qabu kallattiin mataa mataatti wal qunnamuudhaani.
- Namni injiraan qabu meeshaalee dhuunfaa kan akka kootii, koofiyaa, barneexxaa jabaa, boraatii, buruushota ykn meeshaalee dhuunfaa biroo yeroo qooddatu ykn meeshaaleen dhuunfaa kun yeroo kuufaman kallattiin yeroo wal qunnaman injiraan babal'achuu danda'a.

This document was last reviewed by the Child Care Health Program 12.2022 - Oromo

## Mucaan Koo Injiraan Mataa Qabaatuu isaa Akkamitti laaluu Danda'a?

- Rifeensa ifa cimaa fi guddiftuutiin of eeggannoodhaan sakatta'aa.
- Ciniin halluu adda addaa kan qaban yoo ta'an, kunis ifa, adii, keelloo, magaala, ykn boora kan dabalatu yoo ta'u boca oovaalii kan qabaniidha.
- Yeroo baay'ee naannoo gurraatti gogaa mataatti dhihoo fi sarara rifeensa mormaatti argamuutti argaman.
- Akka midhaan cirrachaa xixiqqootti rifeensa irratti dhagahamu.
- Yoo daa'imni keessan injiraan mataa qabaachuu isaa mirkaneeffachuu baattan, ykn gaaffii dabalataa yoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa keessan qunnamaa.

## Mucaan Kiyya Injiraan Mataa Yoo Qabaate Woo?

**Yoo daa'imni keessan injiraan mataa qabaate hatattamaan ogeessa kunuunsa daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Akkamitti yaalama?

- Wal'aansi injiraan mataa ajaja ogeessa fayyaa malee kaawuntarii irrattii fi ajaja ogeessa fayyaatiin bitamuu danda'a.
- Weerara fiduu kan danda'u injiraan lubbuu qaban qofa; wal'aansoowwan kun hinjiraan lubbuu qaban ajjeesuudhaan hojjatu.
- **Qajeelfama paakeejii sirriitti hordofaa.**
- Sababa marsaa jireenyaa injiraan mataa irraa kan ka'e, wal'aansa jalqabaa booda guyyoota 7-9 booda irra deebi'anii wal'aansa gochuun isin barbaachisuu danda'a. Maaloo qajeelfama paakeejii hordofuu keessan mirkaneessaa.
- Wal'aansi keemikaalaa hin taane kan jiru yoo ta'u, kunis rifeensa jiidha qabu irraa injiraan mataa fi cinii balleessuu kan dabalatu yoo ta'u, filaa ilkaan xiqqaa qabu qofa ykn oomisha injiraan mataa akka hafuura hin baafannee ykn akka hin sochoone dhorku fayyadamuun.
- Keessattuu yoo ulfa taate ykn harma hoosistu taate, ykn daa'imni waggaa 2 gadi yoo ta'e gorsa wal'aansaaf ogeessa kunuunsa fayyaa keessanii mariyachiisaa.

### Akkamittan injiraan mataa akka hin babal'anne gargaaruu danda'aa?

- Namoota dhuunfaa injiraan mataa qaban waliin mataa mataatti wal qunnamuu irraa of qusadhaa.
- Koofiyaa, filaa, kootii, barneexxaa jabaa, makaddaa/boraatii ykn meeshaalee dhuunfaa biroo hin qoodinaa.
- Rifeensa dheeraa duubatti harkisanii kaa'uu.
- Meeshaalee mataa daa'ima keessanii wajjin wal qunnaman osoo wal'aansa hin jalqabin dura sa'aatii 24-48 keessatti qofa qulqulleessuu qabdu.
    - Bishaan ho'aa (130°F [54.4ºC]) fayyadamuun ansoola, keesii makaddaa/uffannaa boraatii, kofiyaa fi uffata miiccuu fi marsaa ho'a guddaa irratti gogsuu.
    - Rigaa, filaa, fi meeshaalee rifeensaaf gargaaran bishaan ho'aa (yoo xiqqaate 130°F [54.4ºC]) keessatti daqiiqaa 5-10f jiisi.
    - Lafa, meeshaalee manaa fi teessoo konkolaataa vaakiyuumii gochuu. Borsaa vaakiyuumii sana darbadhaa ykn erga vaakiyuumii gootanii booda qaruuraa vaakiyuumii meeshaa balfaa alaa keessatti duwwaa godhaa.
- Wantoonni dhiqamuu hin dandeenye haala armaan gadii taasisuu ni danda'ama:
    - daqiiqaa 30f goggogduu keessatti haala "ho'aa" irratti fiigsisuu,
    - torban tokkoo hanga lamaaf boorsaa pilaastikii keessatti cuffuu, ykn

- Goggogaadhaan qulqulleessuu
- Naannoo keemikaalota (kan akka aara keemikalaatiin) fayyadamuun wal'aanuun hin gorfamu.

---

## Mucaan Koo Kunuunsa Daa'immanii Irraa Mana Turuu Barbaachisaa?

Akka Akkaadaamiin Daa'immanii Ameerikaa jedhutti daa'imman wal'aansa injiraanii kan jalqabaa erga fudhatanii booda gara kunuunsa daa'immaniitti deebi'uu ni danda'u.

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'immanii keessanii hordofaa.**

---

**Wabiiwwan:**

American Academy of Pediatrics

- *Caring for Our Children, Chapter 7: Infectious Diseases, 7.5 Skin and Mucous Membrane Infections, 7.5.8 Pediculosis Capitis (Head Lice)*
- *Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 5th Edition. Pages 115-117*

Centers for Disease Control & Prevention

- *Parasites (headlice). https://www.cdc.gov/parasites/lice/head/*

Child Care Health Program – Public Health Seattle & King County

- *https://kingcounty.gov/depts/health/child-teen-health/child-care-health/disease-prevention.aspx*